

# Karaawwan Ittiin Filatan

Minnesota keessatti karaawwan ittiin filattan garaa garaa qabdu. Filattootni dursanii iimeeliidhaan, dursanii qaamaan, ykn Guyyaa Filannootti filachuu ni danda’u.



## Dursanii poostaadhaan filachuu

Qaamaan osoo hin dhiyaatin filachuuf akkaataa itti iyyatan irratti qajeelfamoota asirraa hordofaa [hennepin.us/elections](https://hennepin.us/elections)

### Dursitanii poostaadhaan filachuu sababa isin jaallachuu maltaniif

- Hiriiraniid dabaree eeggachuun hinjiru, akkasumas mana ykn bakka jireenyaa keessan irraa fagaachuun isin irraa hin eegamu
- Waraqaan filannoo sun poostaadhaan isiniif deeb’uu ni danda’a ykn ammoo – yoo filannoo keessan ta’e – waajjira filannoo naannoo keessaniitti isiniif ergamuu ni danda’a.
- Tokkoon tokkoon sadarkaa adeemsa waraqaan filannoo keessanii [mnvotes.org](https://mnvotes.org) irratti hordofuu ni dandeessu

### Dursitanii poostaadhaan filachuu yoo karoorfattan, wantoota isin yaadachuu qabdan

- Filataa galmaa’e ykn nama seera-qabeessa ta’erraa mallattoon wabii ni barbaachisa
- Waraqaan filannoo keessanii lakkaa’amuuf Guyyaa Filannootti deebifamuu qaba

## Dursanii qaamaan filachuu

Eessatti dursitanii akka filachuu dandeessan adda baafachuuf [hennepin.us/elections](https://hennepin.us/elections) daawwadhaa

### Dursanii qaamaan filachuu sababa isin jaallachuu maltaniif

- Akkuma achi geessaniin filachuuf galmaa’uu ni dandeessu
- Yeroo saganteeffattanitti filachuu – guyyaa fi yeroo isiniif mijatu filachuu qabdu
- Hojjetoota filannoo irraa deeggarsa argachuun salphaadha

### Dursitanii qaamaan filachuu yoo karoorfattan, wantoota isin yaadachuu qabdan

- Yeroo filannootti iyyannoo qaamaan osoo hin argamin filachuu guutuutu isin irraa eegama
- Bakkeewwanii fi sa’atiin dursanii filachuu garaa gara ta’uu malu
- Guyyaa Filannootti dursanii filachuun hin jiru
- Guyyaawwan murtaa’anirra filachuudhaaf yeroowwan eeggannaa isin quunnamuu malu

## Guyyaa Filannootti

Buufata filannoo keessanitti Guyyaa Filannootti filadhaa. Filannoon jalqabaa Hagayya 9, 2022 geggeeffama, filannoon waliigalaa ammoo Sadaasa 8, 2022 geggeeffama. Minnesotaa keessatti, filannoowwan ganama sa’a 7 hanga galgala sa’a 8 tti geggeeffamu. Buufata filannoo keessanii adda baafachuuf [mnvotes.org](https://mnvotes.org) daawwadhaa.

### Guyyaa Filannootti filachuu sababa isin jaallachuu maltaniif

- Buufati filannoo keessanii bakka isin jiraattanitti dhiyaachuu mala
- Akkuma achi geessaniin filachuuf galmaa’uu ni dandeessu
- Hojjetoota filannoo irraa deeggarsa argachuun salphaadha

### Guyyaa Filannootti filachuu yoo karoorfattan, wantoota isin yaadachuu qabdan

- Buufata filannoo itti ramadamtanitti filachuu qabdu
- Filachuudhaaf galgala keessaa sa’a 8 osoo hin darbin hiriira keessa jiraachuu qabdu
- Filachuudhaaf yeroowwan eeggannoo isin quunnamuu malu

